

Mammaaksota Oromoo Qubee “H” n Jalqaban.

- 1 Haadha hinqabdu hakkoof boossi.
- 2 Haadha laalii intala fuudhi.
- 3 Haadhaa fi adurree hin dhaanan
- 4 Haalleluyyaa yaa rabbi sooressa ajjeesi, nyaannee dhugnaa jedhee abbaaten taskaara yaade jedhu.
- 5 Haatee durbaa jennaan dur kaa jedhe mucaan.
- 6 Haati hattuun intala hin amantu.
- 7 Haati mimmixaa kanuma kootu guba jetti.
- 8 Haatii fi gabaan waan namaa kennitu hin beekan.
- 9 Hadaamii ollaa hagamsaa imimmaan irraa hinqooru.
- 10 Hafaasaarra afaansaa
- 11 Hagam ol fagaattus allaattii reeffi lafa
- 12 Hamii fi eegeen abbaa duubaa oolti.
- 13 Hamma fedhe guddatan, gosa ofii hindarban
- 14 Hamma namaa hin Geessuu cabsa namaa hin teessu
- 15 Hammaatanis hammaaranis dhuma hin ooltu
- 16 Hamman siif ragaa bahe beektaa jennaan, hamman si tajjabee beektaa itti jedhe jedhu.
- 17 Hantuunni farroofte qara eeboo arraabdi.
- 18 Hantuunni haadha jalatti gumbii uraa barti
- 19 Harka abbaa biraan ibidda qabun nama hin dhibu
- 20 Harka abbaa tokkotin ibidda qabachuun nama hindhibu.
- 21 Harkaan dhaabanii barbareen nama gubdi.

- 22 Harkaan dhaabatan lukaan dhiitan!
- 23 Harkaan kennanii, miilaan barbaada deemu.
- 24 Harki hanna bare dooluuttuu socho'a.
- 25 Harki tokko ni dhiqa malee,hin qulqulleessu.
- 26 Harki waaqni namaan qabe xurii hin qabu
- 27 Harmaatu lama malee aannan tokkichuma.
- 28 Harree fi gadadoon nama irraa hin gortu
- 29 Harree ganama bade galgala kurkuriin hin argu
- 30 Harree hin qabdu farda namaa tuffatti.
- 31 Harree hin qabnu, waraabessaanis wal hin dhabnu
- 32 Harreen fe'aa barbaaddu ufiin ooydaa dhufi.
- 33 Harreen hidhaa kutte jennaan ofittuu gabaabsite jedhe.
- 34 Harreen ofiifuu hingaltuu loon galchitiiree?
- 35 Harreen yeroo alaaktu malee yeroo dhuudhuuftu hinbeektu!
- 36 Heexoo galataaf oso hin taane qorichaaf dhugan.
- 37 Hin bari'u seetee manatti hagde
- 38 Hin barihu Seetee Gorduubatti hadde
- 39 Hin bari'u seetee manatti hagde
- 40 Hin ta'a jennee saganee woma ta'uu dhabne
- 41 Hin taane kiristinnaan Badhaasaa itti deebi'aa kaasaa
- 42 Hin taane kiristinnaan Badhaasaa itti deebi'aa kaasaa
- 43 Hindaaqqoon haate haatee halbee ittin qalamtu baasti
- 44 Hiriyaara garaa firaa gadheetuu garaa hiraa.
- 45 Hiriyaara malee dhaqxee gaggessaa male galte.
- 46 Hiriyaara garaa walii hin beekne guyyaa hunda kakuudha.

- 47 Hirriibni baay'een duumessa hiyyummaati
- 48 Hirriibni hiryaa du'aati
- 49 Hiyyeessa boo'icha hingorsani hinnuu jalleese naqa.
- 50 Hiyyeessa irraa liqeeffachuu mannaa sooressa kadhachuu wayya.
- 51 Hiyyeessi har'aa quufeen bulaatti duutee bulti.
- 52 Hojiin waaqayyoo fi kolfi saree hin beekamu
- 53 Holqaa seenani dukkana hin sodaatan.
- 54 Hoolaan abbaa gaarii qabu, dubboo ala bulcha
- 55 Hora bu'anii dhoqqeee hin lagatan
- 56 Hora bu'anii dhoqqeee hin lagatan
- 57 Horiin deegaa qilee irra dheeda
- 58 Hriyaan garaa walii hin beekne malkaa ceetu maratti walkaksiifti
- 59 Hudduu abbaan dagate tusseen sagal ciniinti.
- 60 Humna qarqa baasuufi soora ganna baasu abbaatu beeka
- 61 Humnaan nyaataniif, humna hin ta'u.
- 62 Hunda dubbatan garaan duwwaa hafa